# Baga Nagaan Gara AFSCME Local 328 Nagaan Dhufte

Hojii haaraa OHSU tti argachuu keetiif baga gammadde! Hojii kee ammaa kanaan yuuniyeenii hojjattootaa American Federation of State, County and Municipal Employees (Hojjettoota Federeeshiinii Kutaa Biyyaa Ameerikaa, Kaawontii fi Mana Qopheessaa) (AFSCME) jedhamuun bakka buufamtee Yuuniyeenichi OHSU (Local 328) tti argamu bara 1985 tti Kn hundaa'e yoo ta'u hojjattoota naannoo 7,000 bakka bu'a.

## Yuuniyeeniin Maalidha?

Yuuniyeeniin hojjattootaa jechuun murtiiwwan hojii isaanii fi haala hojii isaanii irratti dhiibbaa taasisu irratti murtii dabarfachuuf jecha hojjattoota gareedhaan gurmaa'aniidha. Yuuniyeenii keessatti hammatamuu jechuun hojjattoonni kaffaltii, sa'aatii, fayidaawwan (kunuunsa fayyaa, soorama, beenyaa kaffaluu fi kkf) boqonnaa murteessuuf sagalee qabu. Gama biraatiin mirgoota akka naannoo hojii sirrii fi naga qabeessa, adeemsa namuusa qajeelloo fi "sababa sirrii" eegamuu (kana jechuun sababa malee hari'amuu hin dandeessu kan jedhu) qabaachudha. Hojjattooni walii walii isaanitiif yoo tumsan namoota hundumaaf haala ni fooyyessa. Akkaataan yuuniyeenin keenya kana itti hojjatu inni ijoon OHSU waliin walii galtee keessa galuudhani. Waliigalteen waraqaa seeraa kaffaltii, sa'aatii hojii, fayidaalee fi kkf nuuf mirkaneessu/murteessudha. Walii galtichi yeroo dheerina isaa irratti hundaa'uun waggaa lamaa hanga shaniitti garaa gara ta'uu danda'a. Yeroon turtii walii galtee guyyaan dhuma isaa yeroo gahu, Local 328 fi OHSU irra deebiin walii galuuf ni hojjatu.

## Waliigalteen/Falmiin Akkamitti Hojjata?

Local 328 fi OHSU yommuu walii galtee gochuuf falman tokkoon tokkoon isaanii qaama isaan bakka bu'ee dhaabatu qabu. Yuuniyeenii keenya akka bakka bu'aniif miseensota 12 fillanna, OHSU qacartoota akka bakka bu'aniif gaggeessitoota 12 filata. Miseensi kaffalaa buusii ta'e kamiyyuu garee falmu/walii galtee gaggeessuuf filamuu ni danda'a. Filannoo keessatti sagallee kennuu kan danda'an kanneen buusii kaffalan qofaa ta'uu danda'u. Walii galteedhaaf falmii gaggeessuuf qophii taasifamu keessatti, yuuniyeenin keenya ji'oota heddu fudhatee garee keenya leenjisa. Local 328 fi OHSU lamaan isaanituu akkamitti waliigalteen itti aanu jijjiiramu irratti yaadan falmuudhaaf dhufu. Yuuniyeeniin keenya maaltu baay'ee isaaniif barbaachisaa akka ta'e (kaffaltii, fayidaalee fi kkf) irratti hojjattoota gaafachuudhaan duubdeebii hojjattoota irraa argate bu'uura godhachuudhaan piroppoozaala qopheessa. Walii galtee/walii galtee gochuuf falmiin taasifamu ji'oota heddu fudhta. Yeroo kana keessatti gama lameen irrayuu waanti akka kennaatti dhiyaatu jira; kaan fudhatamaniiru, kaan ni didaman. Yeroo falmii kana hundumaa keessatti, Local 328 waanta ta'aa jiru ilaalchisee waan haaraa miseensota hundaad ni hira.

Walii galteen haala gaaridhaan deemuu didee miseensonni keenya yaada gaggeessitoonni dhiyeessanitti yoo gammaduu baatan, miseensonni yuuniyeenii keenya deeggaruuf tarkaanfiwwan

hawaasaa kanneen akka istiikarii/baajii uffachuu, hiriira bahuu fi hojii poostariiwwan odeeffannoo maxxansuu irratti hirmaachuu ni eegalu. Akka carraa isa dhumaatti, gareen falmii Local 328 miseensonni filannoo diddaa akka mirkaneessaniif gaafachuu ni malu; miseensonni harki hedduun diddaa gaggeessuuf yoo sagalee kennan, gareen walii galtee/falmii tokkoof waamuu ni mala. Gareen lachuu kontiraata haaraa irratti walii galtee kan yeroo irra erga gahaniin booda, yuuniyeeniyeenin keenya miseensonni akka mirkaneessaniif gaafata. Walii galticha/kontiraaticha raggaasisuuf miseensota buusii kaffalan qofatu sagalee kenna.

**Kaffaltiin/Buusiwwan Yuuniyeenii maal fa'i?**

Yuuniyeenii keessatti qabamuu jechuun kaffaltii/buusii yuuniyeenii kaffalauu jechuudha. Buusiin kaffaltii miseensonni yuuniyeenii hojii yuuniyeenii keenyaa deeggaruuf kaffalaniidha. Yuuniyeeniin keenya cimaa ta'ee akka itti fufuuf miseensonni keenya buusii akka kaffalan gaafanna. Local 328 kontiraata keenya hojiirra akka oolchuuf, baasii sseraa/bulciinsaa yuuniyeenii gaggeessuuf bahu kaffaluuf, garee falmitoota keenya leenjisuuf, fi miseensota keenyaaf sagantaalee bu'a qabeeyyii ta'an adeemsisuuf buusiin ni gargaara. Buusiin kaffaltii bu'uuraa irraa (yeroo dabalataa kan hojjattan yookin difirenshiyaalii osoo hin dabalatin) ji'atti $3.48 + 1.27% dha; buusin olaanan miseensi tokko ji'atti kaffalu $69.70. Buusiin cheekiikaffaltii keessan irraa hatattamaan kan hir'ati yo ta'u Waggaatti si'a 24 hir'ata. Doolaarri buusii keenya Local 328, Oregon AFSCME Council(Mana Marii) 75 fi AFSCME International(Idil Addunyaa) ni gargaara.

**Sagantaa PEOPLE**

AFSCME sagantaa sochii siyaasaa PEOPLE (Hojjattoota Mootummaa Walquxxummaa Seeraa Guuddisuuf Gurmaa'an) jedhamuu fi miseensota irraa gargaarsa tolaa kennamuun kan utubamu qaba. Saganataan PEOPLE hojii siyaasaa AFSCME Oregon keessatti hojjatu karaa ittiin miseensonni deeggaraniidha. Fandiin kun namoota siyaasaa hojjatttoota leellisan filachuu fi seera hojjattootaf mijataa ta'e raggaasisuuf kan ooludha. Waggoota darban keessatti sagantaa PEOPLE kaffaltii xiqqaa ture akka ol ka'u godheera, hojjattoota hundumaaf eeyyama dhibee mirkaneessera, akkasumas biyyattii keessatti baay'ee gaarii kan ta'e seera eeyyama boqonnaa maatii akka ragga'u godheera.

**Caasaa Local 328**

Yuuniyeenin keenya boordii gaggeessaa kan miseensota gaggeessitoota filataman of keessaa qabu kan qabuudha. Miseensi buusii kaffaluu fi sirriitti hirmaatu kamiyyuu boorditti filamuudhaaf dorgomuu ni danda'a. Boordichi bajatata yuuniyeenii keenyaaf olaantummaan ni to'ata, Local 328 maal hojjataa akka jiru miseensotaaf odeeffannoo ni laata, rakkoolee ciccimoo miseensota mudatan ni fura, rakkinoota kam faatu araaran/murteedhaan xumuramuu akka qaban murteessu fi kanneen biroo heddu. Akkasumas, yuuniyeenin keenya kimteewwan xixiqqaa hojiiwwanii fi biizinasiiwwan yuuniyeenii keenyaa akka adeemsifaman gargaaran heddu qabna. Yuuniyeeniin keenya qaama Oregon AFSCME Council 75 isa fedhiiwwan yuuniyeeniwwan AFSCME Oregon keessatti argaman to'atuuti.

**Mirga Bakka Bu'ummaa**

Bakka wal gahiitti gaggeessaa kee waliin waamamtee walgahichi sun rakkoo namuusaa yookin hojiirraa hari'amuudhaan kan goolabame yoo ta'e, akka qaama Mirgoota Weingarten tti mirga bakka bu'aa yuuniyeenii of biraa qabaachuu qabda. Mirgichi kan miseensota yuuniyeenii United States hundumaati. OHSU biratti, walgahiiwwan kun walgahiiwwan qorannoo jedhamu. Walgahii akkanaa illachisee, gaggeessan kee dursee yaadachiisa sa'aatii 36 siif kennuu qaba. Walgahii qorannoo akka qabdu beeksifamteerta yoo ta'e, hatattamaan yuuniyeenii kee qunnamuun nama/qaama bakka siif bu'u gaafadhu.

**Sagantaa Bakka Bu'iinsaa (Steward)**

Bakka buutonni miseensota fedhii isaanitiin hojjattoota hiriyoota isaanii bakka bu'an gargaaraniidha. Hojiin bakka bu'ummaa kaffaltii kan qabu ta'ee waliigaltchaan kan eegameedha. Bakka buutota gosa saditu jiru: Bakka buutota gosa saditu jiru:

- Bakka Buutota Qoratatan: Hojjataan bakka bu'e tokko walgahii qorannootti akka dhiyaatu yoo taasifame, walgahii sana irratti yuuniyeenii keessaa nama bakka isa bu'u/bakka bu'aa akka qabaatu ni eeyyamamaaf. Bakka bu'aan qorataa walgahiiwwan kanneen keessatti yaadannoo qabachuun walgahiiwwan sirnaan gaggeeffamuu fi dhiisuu mirkaneessuun hojjattoota ni gargaara.
- Bakka Bu'aa Komii: Hojjataan bakka bu'e tokko OHSU'n waliigalticha cabseera jedhee yoo amane, iyyata komii banuu nui danda'a. Waliigalteen diigame jiraachuu murteessuf akkasumas haala uumame sirreessuf, bakka bu'aan komii hojjattoota waliin ta'ee hojjata.
- Bakka Bu'aa Duree/Gaggeessaa: Bakka bu'aa gaggeessaan sagantaa bakka bu'iinsa Local 328 tiif akka bulchaatti hojjata; akkasumas hojjattoota bakka bu'amanii fi maddoota yuuniyeenii walittio hidhuuf gargaara.

Erga leenjii irratti hirmaateen booda, miseensi buusii kaffalu kamiyyuu bakka bu'aa ta'uu ni danda'a. Bakka bu'aa/gaggeessaa ta'uu yoo barbaaddan chiefsteward@local328.org tti email godhaa.

**Bakka Bu'aa Yuuniitii**

Bakka bu'oota kontiraata fi dhimmoota bakka bu'iinsaan wal qabatan irra hojjatan dabalatee, Local 328 kanneen akka bakka buutota yuunititti hojjatanis miseensota ni godha/walitti ni qaba. Bakka buutonni yuunitii, hojjattoota waliin hojjatanii fi gaggeessitoota yuuniyeenii keenyaa gidduutti akka riqichaa/qunnamsiistutti hojjatu. Yuuniyeeniin keenya maal hojjataa akka jiru baruudhaaf akkasumas hojjattoota waliin hojjataniif odeeffannoo qoodudhaaf walgahiiwwan ji'a ji'aan taasifaman irratti ni hirmaatu. Bakka bu'aan/dursaan yuuniyeenii keessanii maal akka ta'e baruu yoo feetan, yookin isaan keessaa tokkko ta'uu yoo barbaaddan kbaker@oregonafscme.org tti email ergaa.

**Gaaffilee yookin Yaadddoo?**

Waa'ee walii kontiraataa/walii galtee, bakka hojii gaaffii yookin yaaddoo yoo qabaattan, walgahii qoranoo keessatti bakka bu'iinsa yoo barbaaddan yookin waa'ee yuuniyeenii keenyaa caalmatti baruu yoo barbaaddan, karaa armaan gadii qunnamuu dandeessu:

- Bagga bu'aa/gaggeessaa yuunitii keessanii qunnamuudhaan
- Facebook fi Twitter irratti nu hordofuudhaan
- 328.unionlabor.org irratti nu qannamuudhaan
- (971) 804-0237 irratti Local 328 dhaaf bilbiliuudhaaf
- (844) 758-6466 irratti Oregon AFSCME SMART Center (Wiirtuu) dhaaf bilbiluudhan

Wiirtuun SMART miseensota Ingiliffa akka afaan isaanii jalqabaatti dubbachuu hin dandeenyeef namoota afaan hiikan qaba. Odeeffannoo waa'ee yuuniyeenii keenyaa marsariitii keenya (www.local328.org) irraa argachuu dandeessu.